# ERGAA PHAAWULOOSI
# GARA WARRA QORONTOOSITTI
# ERGE - 2ffAA

1 Phaawuloos isa fedhii Waaqayyootiin ergamaa Kiristoos Yesuusii ta'ee fi obboleessa keenna Ximootewoos irraa;

Gara waldaa kiristaanaa Waaqayyoo isii Qorontoos jirtuutii fi qulqulloota Akaayyaa guutuu keessa jiraatan hundumaatti;

[2]Abbaa keenya Waaqayyoo fi Yesuus Kiristoos Gooftaa biraa ayyaanni fi nageenni isiniif haa ta'uu.

### Waaqa Jajjabeennaa

[3]Waaqaa fi Abbaa Gooftaa keenna Yesuus Kiristoosii, Abbaan araaraatii fi Waaqni jajjabeenna maraa haa eebbifamuu; [4]Inni akka nu jajjabeenna Waaqa biraa arganne sanaan warra dhiphinna adda addaa keessa jiran jajjabeessuu dandeennuuf dhiphinna keenna cufa keessatti nu jajjabeessa. [5]Akkuma dhiphinni Kiristoosi akkamalee nuu baay'ate, akkasuma immoo karaa Kiristoosiitiin jajjabeenni akkamalee nuu baay'ateera. [6]Nu yoo dhiphanne fayyinnaa fi jajjabeenna keessaniif jenneeti; jajjabeenni keennas jajjabeenna keessaniifi; jajjabeenni kunis kan isin yeroo dhiphinna nu dhiphannu kana keessa dabartanitti obsaan dhaabachuun argattanii dha. [7]Abdiin nu waayee keessaniif qabnu kan hin sochoonee dha; isin akkuma dhiphinna keenya keessatti hirmaattan amma immoo jajjabeenna keenya keessatti akka hirmaattan beennaatii.

[8]Yaa obboleeyyani, nu akka isin waayee dhiphinna kutaa biyya Isiyaatti nurra gayee wallaaltan hin barbaannu. Hanga lubbuun jiraachuufillee abdii kutannutti dhiphinni humna keennaa ol ta'e nurra gayee tureetii. [9]Nu dhugumaanuu akka murtiin du'aa nutti murame uf keessatti dhageennee turre; wanni kun garuu akka Waaqa warra du'an du'a keessaa kaasuutti malee ufii keenyatti hin amanneef ta'e. [10]Inni balaa du'aa akkasii jalaa nu baaseera; nu baasas. Ammaan booddees akka inni nu baasu abdii keenna isa irra keewwanneerra. [11]Akkuma isin kadhannaa keessaniin nu gargaartan, eebba kadhannaa namoota baay'eetiin nuu kenname sanaaf namoonni baay'een bakka[a] keenna bu'anii Waaqa ni galateeffatu.

[a]11 ykn *fulaa*

**Phaawuloos Karoora Jijjiirra-chuu Isaa**

12Eegaa wanti nu ittiin uf jajnu
kana; nu qulqullinnaa fi garraa-
mummaa[b] Waaqa biraa argan-
neen biyya lafaa keessa keessu-
mattuu isin jidduu akka jiraanne
yaanni garaa keennaa nuuf ra-
geessa[c]. Kanas akka ayyaana
Waaqayyootti goone malee akka
qarooma biyya lafaattii miti.
13Nu waan isin dubbisuu yookiin
hubachuu hin dandeenye tokkol-
lee isinii hin barreessinuutii;
kana irrattis abdiin ani qabu,
14Akkuma gar tokko nu hubattan
guyyaa Gooftaa Yesuusiitti guu-
tummaatti hubattanii akka nu
isiniin boonne sana isinis nuun
boontu.

15Anis waan kana amaneef[d]
akka isin bu'aa dachaa qabaat-
taniif jedhee jalqabatti gara kees-
san dhufuu barbaade. 16Ani yeroo
Maqedooniyaa dhaqutti karaa
keessan goree isin arguu fi Yeroo
Maqedooniyaadhaa deebi'uttis
gara keessan dhufee, akka isin
yeroo ani Yihuudaa dhaqutti na
gargaartan barbaadee ture. 17Ani
Yeroo waan kana gochuuf karo-
orfadhetti otoo itti hinyaadin
turee? Yookiin akka nama
fooniitti yeruma tokkotti, 'eeyee,
eeyee' fi 'waawuu[e], waawuu'
jechuuf karoora baafadhaa ree?

18Akkuma Waaqayyo amana-
maa ta'e dubbiin nu isinitti dub-
bannus 'eeyee' fi 'waawuu' miti.
19Yesuus Kiristoos Ilmi Waaqay-
yoo inni Siilaas, Ximootewoosii
fi ani isin jidduutti lallabne sun,
'eeyee' fi 'waawuu' hin turreetii;
isa bira yeroo mara 'eeyeettu'
jira. 20Waadawwan[f] Waaqayyoo
martinuu karaa Kiristoos 'eeyeedha'.
wanni nu karaa isaa ulfinna
Waaqayyootiif 'Aamiin' jennus
kanumaaf. 21Eegaa kan akka nus
isinis Kiristoositti jabaannee
dhaabannu godhuu fi kan nu
muudu Waaqa; 22Innis kan isaa
ta'uu keenya mirkaneessuuf jed-
hee chaaphaa isaa nurratti mal-
latteesse[g]; wabii[h] hafuura isaas
garaa keenna keessa kaaye.

23Ani garuu isinii nawuudhaan
deebi'ee gara Qorontoosi dhufuu
dhiise; kanas akka dhugaa naa
bawuuf Waaqa nan waammadha.
24Nu sababii isin amantiin ja-
baattanii dhaabattaniifi akka isin
gammaddaniif jennee isin waliin
hojjanna malee amantii keessan
irratti gooftummaa qabaanneetii
miti.

2 Kanaaf ani ammas akka
gaddaan[i] gara keessan hin
dhufne murteeffadheera. 2Ani yoo
isin gaddisiise isinuma warra ani
gaddisiisu sana malee eennuttu

[b]12 ykn *garaa toliisa;* [c]12 ykn *dhugaanuu ba'a/nuu dhugeessa;* [d]15 ykn *dhugeeffad-heef;* [e]17 ykn *hiyyoo;* [f]20 ykn *kakuuni;* [g]22 ykn *milikkeeta kaa'e;* [h]22 ykn *mirkaneeffama;* [i]1 ykn *laalalaan*

na gammachiisa ree? **3**Akkasitti barreessuun kiyya yommuun dhufee turetti namoonni na gammchiisuu qaban akka na hin gaddisifneef jedhee akka gammachuun kiyya gammachuu cufa keessanii ta'e ani cufa keessa nan amana tureetii. **4**Ani dhiphinna guddaa, yaaddoo garaatii fi imimmaan baay'een isinii barreesseeraatii; kunis jaalalli ani isinii qabu hagam guddaa akka ta'e akka beettaniif malee isin gaddisiisuufii miti.

### Cubbamaaf Dhiifama Gochuu

**5**Eennuyyuu yoo nama gaddisise otoo dubbii oow'isuuf hin ta'in inni karaa tokko hunduma keessan gaddisiisuu isaa ti malee na gaddisiisuu isaatii miti. **6**Nama akkanaa irratti adabbiin harki caalaan keessan murteessitan ni ga'a. **7**Qooda kanaa isin akka inni gadda guddaan hin liqimfamneef dhiifama[j] isaa gochuu fi isa jajjabeessuuttu isin irra jira. **8**Kanaaf ani akka isin jaalala isaaf qabdan mirkaneessitan isin kadhadha. **9**Anis akka isin waan mara irratti ajajamtoota taatan qoree bira ga'uuf waan kana isinii barreesse. **10**Nama isin dhiifama gootaniif cufaaf, anis dhiifama nan godha; yoo wanti ani dhiifama godhe tokkoyyuu jiraate ani isiniif jedhee fuula Kiristoosii duratti dhiifama godheera. **11**Kunis akka Sheexanni nu hin gowwoomsineef; nu mala isaa ni beennaatii.

### Tajaajiltoota Kakuu Haarayaa

**12**Ani yeroo wangeela Kiristoosii lallabuuf Xiro'aadaa dhaqetti akka Gooftaan balbala tokko naa bane nan arge. **13**Garuu waan obboleessa kiyya Tiitoo achitti hin argatiniif, hafuurri kiyya boqonnaa hin arganne ture. Kanaaf ani nagaya isaanitti dhaamadhee Maqedooniyaattii dabre.

**14**Waaqa yeroo hunda injifannoo[k] isaatiin karaa Kiristoosiitiin nu geegessuu fi urgaa beekumsa isaa bakka[l] hundatti muldhisuuf galanni haa ta'uu. **15**Nu warra fayyifamaa jiraniifi warra baduutti jiran jidduutti urgaa Kiristoosii kan Waaqatti urgaawuu dha. **16**Isa tokkoof urgaa du'aa kan gara du'aatti nama geessuu dha; isa kaaniif ammoo urgaa jireennaa kan gara jireennaatti nama geessuu dha. **17**Nu garuu akka namoota Waaqa biraa ergamaniitti karaa Kiristoosiitiin fuula Waaqaa duratti garraamummaan[m] dubbanna malee akka namoota hedduu kanneen bu'aa argachuuf jedhanii dubbii Waaqaa waan dhibiin[n] makaniitii miti.

[j]7 ykn *haraara;* [k]14 ykn *dabsachaa;* [l]14 ykn *fulaa;* [m]17 ykn *garaa qulqulloon;* [n]17 ykn *biraatiin*

3 Nu ammas uf jajuu jalqabnaa
ree? Yookiin akka namoota
tokko tokkoo xalayaa deeggarsaa
gara keessanitti fiduu yookiin isin
biraa argachuu nu barbaachi-
saa ree? [2]Xalayaan keenna kan
namni martinuu beekuu fi dub-
bisu kan garaa keenna keessatti
barreeffame isinuma. [3]Isin akka
xalayaa Kiristoosii kanneen nuun
tajaajilamtan[o] taatan beekamaa
dha; xalayaan kunis kan otoo
halluun hin ta'in hafuura Waaqa
jiraataatiin, otoo gabatee dhagaa
irratti hin ta'in gabatee garaa
namaa irratti barreeffamee dha.

[4]Amantiin[p] nu karaa Kiristoosiitiin
fuula Waaqaa duratti qabnus kan
akkanaa ti. [5]Nu waan tokkollee
ufii keennaan hojjachuuf dan-
deettii qabna jenneetii miti; dan-
deettiin keenna Waaqa irraa dhu-
faatii. [6]Innis akka nu tajaajiltoota
kakuu haarayaa taanuuf dandeet-
tii nuu kenneera; Kakuun kunis
kakuu seera barreeffamee otoo
hin ta'in kakuu hafuuraa ti; seerri
barreeffame du'a namatti fidaatii;
hafuurri garuu jireenna kenna.

### Ulfinna Kakuu Haarayaa

[7]Yeroo Seerri gabattoota dha-
gaa irratti qirixame[q] sun kenna-
metti ulfinni Waaqayyoo ni muld-
hate; calaqqifni[r] fuula Muusee
yoo irraa dabraa deemeyyuu
waan akka malee cimaa tureef
sabni Israa'eel fuula isaa ilaaluu
hin dandeenye. Seerri du'a na-
matti fidu sun erga ulfinna ak-
kanaatiin dhufe, [8]Tajaajilli[s]
hafuuraa immoo hagam caalaa
ulfinna haa qabaatuu ree? [9]Eega
tajajilli murtii namatti fidu ulfinna
qabaatee, tajaajilli qajeelinna fidu
immoo hagam caalaa ulfinna haa
qabaatuu ree? [10]Wanni duraan
ulfinna qabaachaa ture sun yom-
muu isa ulfinna caalu qabu bi-
ratti ilaalamu amma ulfinna hin
qabuutii; [11]Erga inni yeroof ture
sun ulfinnaan dhufee, ulfinni isa
bara baraan jiraatuu immoo ha-
gam caalaa guddaa haa ta'uu ree!

[12]Kanaaf nu waan abdii akkasii
qabnuuf ija[t] jabeenna guddaan
dubbanna. [13]Nu warra akka
Muusee isa akka sabni Israa'elii
dhuma calaqqisaa fuula isaa
irraa badaa deemuu sana hin
argineef jedhee wayaan fuula
isaa haguuggateetii miti. [14]Yaanni
isaanii garuu hadoodeera; isaan
hanga hardhaattillee yommuu
kakuu moofaa[u] dubbisanitti
haguuggiin sun isaan irraa hin
fuudhamne; inni karaa Kiristoos
qofaan nama irraa fuudhamaatii.
[15]Hanga guyyaa hardhaattillee
yeroo isaan seera Muusee dub-
bisan mara wayaan sun yaada
garaa isaanii ni haguuga; [16]Yeroo
namni tokko gara Gooftaatti

[o]3 ykn *gargaaramtan*; [p]4 ykn *dhugeef-fachaani;* [q]7 ykn *hooqame;* [r]7 ykn *bil-liqqeessii;* [s]8 ykn *hujiini;* [t]12 ykn *adda;* [u]14 ykn *dullattii*

deebi'u garuu haguuggiin sun irraa fuudhama. 17Gooftaan hafuura; bakka[v] hafuurri Gooftaa jiru immoo bilisummaattu[w] jira. 18Nu warri otoo fuulli keenna hin haguugamin ulfinna Gooftaa muldhifnu cufti ulfinna yeroo yerootti guddachaa deemu akka hafuura qulqulluu Gooftaa irraa dhufuun fakkaattii isaa taanuuf jijjiiramuutti jirra.

**Badhaadhummaa Okkotee Keessaa**

4 Kanaaf nu araara Waaqayyootiin waan tajaajila[x] kana qabnuuf abdii hin kutannu. 2Nu waan dhossaatii fi waan namaqaanessu dhiifneerra; namas hin gowwoomsinu; dubbii Waaqayyoos hin micciirru garuu dhugaa ifatti baafnee dubbachuun fuula Waaqaa duratti qalbii nama hundumaatti uf dhiyeessina. 3Yoo wangeelli keenya haguugamellee warra baduutti jiran jalaa haguugame. 4Waaqni addunyaa kanaa kan dharaa akka namoonni hin amanin[y] ifa wangeela ulfinna Kiristoosii arguu hin dandeenneef qalbii isaanii jaamseera; Kiristoos ammoo fakkaattii Waaqayyoo ti. 5Nu akka Yesuus Kiristoos Gooftaa ta'e lallabna malee waayee ufii keennaa uf hin lallabnu; nu mataan keenna immoo Kiristoosiif jennee tajaajiltoota keessanii dha. 6Waaqni, "dukkana keessaa ifni haa ifuu" jedhe sun fuula Kiristoosi duratti akka ifa beekumsa ulfinna Waaqayyoo nuu kennuuf ifa isaa garaa keenna keessatti ibseeraatii.

7Garuu akka humni akka malee guddaan kun Waaqa irraa malee nu biraa hin dhufin agarsiisuuf nu badhaadhummaa kana okkotee keessaa qabna. 8Nu karaa cufaan ni dhiibamna; garuu hin cabnu; niburjaajoofna[z], garuu abdii hin kutannu; 9Ni gaargalfamna[a], garuu hin gatamnu; ni kufna[b], garuu hin bannu; 10Akka jireenyi Yesuusi nafa keennaan muldhifamuuf nu yeroo mara du'iisa Yesuusii nafa keenyatti baannee deemna. 11Nu warri amma lubbuun jirru akka jireenyi isaa foon keenna kan du'u keessaan muldhifamuuf yeroo hunda Yesuusiif jennee du'atti dabarfamnee kennamnaatii. 12Egaa duuti nu keessatti hojjata; jireenni immoo isin keessatti hojjata.

13"Ani amaneera; kanaafis dubbadheera" jedhamee barreeffameera; Nu immoo hafuuruma amantii sanaan ni amanna; kanaafis ni dubbanna. 14Akka Waaqni Gooftaa Yesuusin warra du'an keessaa kaase sun nuus

[v]17 ykn *fulaa;* [w]17 ykn *balchooma;* [x]1 ykn *gargaarsa;* [y]4 ykn *hindhugeeffatini;* [z]8 ykn *in raafamna;* [a]9 ykn *ariyamna/baqachiifamna;* [b]9 ykn *jinna*

Yesuus waliin kaasee isin wali-
inis fuula isaa duratti nu dhiy-
eessu ni beenna. 15 Wanti hundi-
nuu faayidaa keessaniif ta'e; ku-
nis ayyaanni namoota hedduu
bira ga'aa jiru sun akka ulfinna
Waaqayyootiif galata irratti ga-
lata ida'uuf jedhamee ti.

16 Kanaaf nu abdii hin kutannu;
yoo namummaan keenna inni alaan
muldhatu dhumaa deemeyyuu
namummaan keenna inni kees-
saa garuu guyyuma guyyaan
haaromfamaa deema. 17 Dhi-
phinni keenya inni salphaanii fi
inni yeroof turu kun ulfinna bara
baraa isa akka malee dhiphinna
sana caalu nuu fida. 18 Sababiin
isaas nu waan ijaan[c] hin argamne
ilaalla malee waan ijaan argamu
hin ilaalluutii; wanti ijaan argamu
yeroo gabaabaaf jiraata; wanti
ijaan hin argamne garuu bara
baraan jiraata.

**Bakka Jireenna Keennaa Kan Samii irraa**

5 Yoo Dunkaanni lafa irraa
kan nu keessa jiraannu kun
diigame mana Waaqni ijaare,
mana bara baraa kan harki na-
maa hin ijaarin tokko akka Samii
irraa qabnu beenna. 2 Mana keenna
kan samii irraa sana uffachuu
hawwuunis dunkaana kana kees-
satti ni aadna. 3 Dhugumaanuu nu
yommuu isa ufannutti qullaa
hinjiraannuutii. 4 Nu warri dunkaana
kana keessa jirru waan ba'aan
nutti ulfaateef aadna; sababiin
isaas inni du'u jireennaan akka
liqimfamuuf nu mana keenya
kan samii irraa uffachuu malee
akka uffanni keenya nurraa
baafamu hin barbaannuutii. 5 Kan
kaayyoo kanaaf nu qopheesses
Waaqa isa Hafuura Qulqulluu[d]
akka wabiitti[e] nuu kennee dha.

6 Kanaaf nu yeroo cufa ija[f] ja-
beenna qabna; hanga fooniin
jiraannutti akka Gooftaa irraa
fagoo jirru beenna. 7 Nu amanti-
in[g] jiraanna malee ijaan arguunii
miti. 8 Nu ija jabeenya qabna;
foon kana irraa gargari baanee
Gooftaa waliin jiraachuu akka
malee hawwina. 9 Kanaaf nu
fooniin jiraannus, fooni irraa
gargari baanus kaayyoon keenya
Gooftaa gammachiisuu dha.
10 Tokkoon tokkoon namaa yeroo
fooniin jiraachaa turetti akka
hujii tolaa yookiin hamaa ho-
jjateef gatii isaa argatuuf marti
keenna barcumaa murtii Kiris-
toos duratti dhiyaachuu qab-
naatii.

**Tajaajilaa Araaraa**

11 Kanaaf nu waan Gooftaa
sodaachuun maal akka ta'e been-
nuuf namoota amansiisuuf yaalii
goona; eenyummaan keenya Waaqa

[c]18 ykn *ilaan;* [d]5 ykn *Ayyaana Woyyuu;*
[e]5 ykn *mirkaneessaatti;* [f]6 ykn *adda;*
[g]7 ykn *dhugeeffachaan*

biratti beekamaa dha; yaada garaa keessanii birattis beekamaa akka ta'e nan amana.
12Nu akka isin nuun boontaniif carraa[h], isinii kennuuf malee ammas isin duratti uf galateeffachuufii miti; kunis akka isin warra waan yaada garaa keessa jiru caalaa waan ijatti muldhatuun uf jajaniif deebii kennuu dandeettaniif.
13Nu yoo Qalbii dhabne Waaqayyoof jennee ti; yoo qalbiin keenna qajeelaa ta'e immoo isiniif jennee ti.
14Jaalalli Kiristoosii nu dirqisiisaatii[i]; sababiin isaas waan namni tokko nama cufaaf du'eef namni cufti kan du'e ta'uu isaa dhugeeffannee fudhanneera.
15Innis akka warri lubbuun jiran kana booddee isa isaaniif jedhee du'ee, du'a keessas kaafame sanaaf malee akka ufii isaaniitiif hin jiraanneef hunduma isaaniitiif du'e.

16Kanaaf nu ammaa jalqabnee eennullee akka ilaalcha biyya lafaatti hin ilaallu; yoo kanaan dura akka ilaalcha biyya lafaatti Kiristoosin ilaalaa turreyyuu, ammaan achi akkasi hin goonu.
17Kanaaf eenyuyyuu yoo Kiristoos keessa jiraate inni uumama haaraya; inni moofaan[j] dabreera; kunoo inni haarayi dhufeera.
18Kun hundinuus Waaqa karaa Kiristoosiitiin ufitti nu araarsee fi tajaajila araaraa nuu kenne sana irraa dhufe.
19Innis, Waaqa cubbuu namootaa isaanitti lakkaawuu[k] dhiisuun karaa Kiristoosiitiin addunyaa ufitti araarsaa ture jechuu dha; ergaa araaraa sanas imaanaa nutti kenneera.
20Kanaaf nu bakka[l] bu'oota Kiristoosiiti; Waaqnis karaa keennaan isaan sossobata; nus akka isin Waaqatti araaramtaniif maqaa Kiristoosiitiin isin kadhanna.
21Akka nu karaa isaatiin qajeelinna Waaqayyoo taanuuf Waaqayyo nuuf jedhee Kiristoosi cubbuu hin qabne sana cubbuu godhe.

6 Egaa nu warri Waaqa waliin hojjannu, akka isin Ayyaana Waaqaa akka waan gatii hin qabneetti hin fudhanne isin kadhanna.
2Innis,

"Ani yeroo malutti si dhagayeera,
guyyaa fayyinnaattis si gargaareera" jedhaatii.

Kunoo yeroon malu amma; guyyaan fayyinnaas hardha.

### Gidiraa Phaawuloos irra Gaye

3Nu akka tajaajilli[m] keenya hin tuffatamneef, enyunillee hin gufachiifnu.
4Garuu karaa maraan akka tajaajiltoota Waaqayyootti uf dhiyeessina; obsa guddaadhaan, dhiphinaan, gidiraa[n] fi yaaddoon,
5Garafamuun, mana hidhaatti galfamuun, jeeqamuun, hujii dadhabsiisaa hojjachuun, hirriiba dhabuun,

[h]12 ykn *qoommii;* [i]14 ykn nu *giddeessaatii;* [j]17 ykn *dullachi;* [k]19 ykn *herreguu;* [l]20 ykn *fulaa;* [m]3 ykn *hujiini;* [n]4 ykn *dhibaa*

beelawuun, 6 Qulqullaa'ummaan, hubannaan, obsaa fi gara laafinnaan, Hafuura Qulqulluu[o] fi jaalala uf-tuulummaa hin qabneen, 7 Dubbii dhugaatii fi humna Waaqaatiin mi'a waraanaa kan qajeelinnaa harka mirgaatii fi harka bitaatti qabachuun, 8 Ulfinnaa fi salphinnaan, maqaa baduu fi maqaa toluun jiraanneera; akkasumas otoo dhuga-qabeeyyii taanee, jirruu sobduu jedhamneerra. 9 Beekamtoota ture; garuu akka waan hin beekaminiitti lakkaawamne[p]; akka waan duuneetti lakkaawamna; garuu kunoo ni jiraanna; akka waan adabamneetti lakkaawamna; garuu hin ajjeefamnu. 10 Akka warra gaddeetti[q] lakkaawamna; garuu yeroo cufa ni gammanna. Akka warra hiyyoomaniitti lakkaawamna; garuu namoota hedduu duroomsina. Akka waan womaa hin qabneetti lakkaawamna; nu garuu waan cufaa qabna.

11 Yaa warra Qorontoos, nu otoo waa tokkollee hin dhossin isinitti dubbanneerra; garaan keenyas isiniif banamaa dha. 12 Isinitu garaa nu dhoffate malee nu garaa isin hin dhoffanne. 13 Ani akka waan isin ijoollee kiyya taataniitti isinitti dubbadha; akkuma nu garaa keenna isinii banne isinis garaa keessan nuu banaa.

**Warra Hin Amannee Wajjiin Walitti Hin Camadaminaa**

14 Warra hin amanne[r] wajjiin walitti hin camadaminaa; duriiyyuu qajeelinnii fi jallinni maal wali irraa qabu? Yookiin ifnii fi dukkanni tokkummaa maalii qabu? 15 Kiristoosii fi Belhoori jidduu walii galtee maaliittu jira? Namni amanu tokko nama hin amanne waliin maal walirraa qaba? 16 Manni qulqullummaa Waaqayyoo waaqota tolfamoo wajjiin walii-galtee maalii qaba? Nu mana qulqullummaa Waaqa jiraataatii. Waaqayyos akkana jedhee dubbateera; "Ani isaan keessa nan jiraadha; isaan jidduus nan deddeebi'a. Ani Waaqa isaanii nan ta'a; isaanis saba kiyya ni ta'u."

17 "Kanaaf isaan keessaa ba'aa;
isaan irraas gargari foo'amaa,
jedha gooftaan.
waan xuraawaa hin tuqinaa,
anis isin simadha."
18 "Ani Abbaa isinii ta'a;
isinis ilmaanii fi dubra kiyya ni taatu;
jedha Gooftaan waan cufa danda'u."

7 Yaa jaallani[s], nu erga waadaa[t] kana qabaannee, egaa koottaa

[o]6 ykn *Ayyaana Woyyuu;* [p]9 ykn *herregamne;* [q]10 ykn *laaleffateetti;* [r]14 ykn *hin dhugeeffanne;*[s]1 ykn *michoota/ hiriyyoota;* [t]1 ykn *kakuu*

Waaqa sodaachaa qulqullinna
fiixaan baasuun waan foonii fi
hafuura xureessu hundumaa irraa
uf qulqulleessinaa.

**Phaawuloos Gammaduu Isaa**

[2]Isin garaa nuu baldhadhaa; nu
nama tokkollee hin yakkine, nama
tokkollee amala hin balleessine;
nama tokkollees hin saamne. [3]Kana
jechuun kiyyas isinitti muruufii
miti; nu isin waliin jiraachuuf;
isin waliinis du'uuf akka isin
garaa keenya keessa jirtan
ani duraan dursee himeeraatii.
[4]Ani waan amantii guddaa isin
irraa qabuuf isiniinis nan boona;
jajjabeennaanis nan guutama;
rakkinna keenya maraa keessattis
ani akka malee nan gammada.

[5]Yeroo Maqedooniyaa dhufnettis
nu qixa hundaan dhiphachaa
turre malee foon keenya kun
boqonnaa hin arganne; alaan
lola, keessani immoo sodaatu
nurra ture. [6]Waaqni warra gad-
dan[u] jajjabeessu garuu dhufaatii
Tiitootiin nu jajjabeesse. [7]Jajja-
baachuun keennas isin isa jajja-
beessuu keessaniinis malee dhu-
faatii isaa qofaanii miti. Innis na
yaaduu keessan, gadduu keessan,
hinaaffaa isin naaf qabdan nutti
himeera; kanaaf ani hanga durii
caalaa gammadeera.

[8]Ani yoo xalayaa kiyyaan isin
gaddisiisellee kana gochuu kiy-
yaaf hin gaabbu;ani yoo gaab-
bellee akka xalayaan sun isin
gaddisiise nan hubadha; ta'us
isin gaddisiisuun isaa yeruma
gabaabaafi. [9]Amma garuu sababii
isin gadditaniif otoo hin ta'in
sababii gaddi keessan gara cub-
buu irraa deebii'uutti isin
geesseef ani nan gammada;
isin akka fedhii Waaqayyootti
gadditaniitii; kanaaf isin karaa
kamiinillee sababii keennaan hin
miidhamne. [10]Gaddi akka fedhii
Waaqayyootti ta'u cubbuu irraa
deebii gara fayyinnaatti nama
geessu fida malee gaabbii hin
fidu. Gaddi akka fedhii biyya
lafaatti ta'u garuu du'a fida.
[11]Gaddi akka fedhii Waaqayyootti
ta'e kun garaa laafinna akkamii,
dandeettii deebii kennuu ak-
kamii, dheekkamsa akkamii,
sodaa akkamii, namaa yaadu
akkamii, hinaaffaa akkamii, haa-
loo baasuu akkamii isin keessatti
akka uume, mee ilaalaa! Isin
warra yakka hin qabne akka
taatan karaa hundumaan uf
argisiiftaniirtu. [12]Kanaaf ani is-
inii barreessuun kiyya akka isin
hagam nuuf uf kennitan akka
ufuma keessaniin fuula Waaqay-
yoo duratti argitaniif malee sababii
isa miidheetiif yookiin sababii isa
miidhameetiif jedheetii miti. [13]Nuus
kana maraanuu ni jajjabaanna;

Jajjabeenna keenyatti ida'ees
Tiitooni gammaduu isaa arginee

[u]6 ykn *laaleffatan*

akka malee gamanneerra; sababiin isaas isin marti hafuura isaa haaroomsitaniirtuu tii. 14Ani isiniin boonuu kiyya isatti himee ture; isinis na hin qaanessine. Garuu akkuma wanni nu isinitti himne sun dhugaa ta'e, waayee keessan Tiitootti boonuun keennas akkasuma dhugaa ta'uun isaa mirkanaayeera. 15Innis ajajamuu hunda keessanii akkasumas sodaa fi hollannaa isin ittiin isa simattan sana yeroo yaadatutti[v] jaalalli inni isiniif qabu isa durii caalaa ni ida'a. 16Ani waan hundumaan isin amanachuu[w] waan danda'uuf nan gammada.

### Arjummaa Kiristaanaa

8 Yaa obboleeyyani, nu akka isin waayee ayyaana Waaqayyo waldoota kiristaana Maqedooniyaatiif kennee beettan ni barbaanna. 2Isaanis otoo dhiphinna baay'een qoramuutti jiranuu, baay'inni gammachuu isaaniitii fi akka malee deeguun isaanii arjummaan isaan badhaaseera. 3Isaan haga dandeettii isaanii, dandeettii isaaniitii olittis fedhii isaaniitiin akka kennan ani nandhugeessaatii[x]. 4Isaanis akka tajaajila[y] qulqullootaaf godhamu kana keessatti hirmaachuuf carraa argataniif jabeessanii nu kadhatan; 5Isaan garuu duraan dursanii Gooftaaf, booddee immoo fedhii Waaqayyootiin nuuf uf kennan malee akka nu eegne qofa hin goone. 6Kanaaf akka Tiitoon hujii arjummaa tan duraan dursee isin jidduutti jalqabe sana fiixaan baasuuf isa kadhanne. 7Isin akkuma waan mara jechuunis amantiin[z], dubbiin, beekumsaan, yaadaa fi jaalala nuuf qabdaniin caaltanitti akkasuma immoo akka ayyaana arjummaa kanaanis caaltanii argamtan ni barbaanna.

8Kana jechuun kiyya garaa qulqulluu qabaachuu warra kaaniitiin walbira qabee ilaaluun jaalalii keessan dhagaa ta'uu isaa qoruuf malee isin ajajuufii miti. 9Isin ayyaana Gooftaa keenya Yesuus Kiristoosii beettuutii; inni otoo duroomee jiruu akka isin hiyyummaa isaatiin duroomtaniif isiniif jedhee hiyyoome.

10Waan kana irratti gorsi ani isinii kennu isa kana; waan waggaa dabre keessa jalqabdan sana amma xummuruu[a] isinii wayya; isin kennuu qofaan otoo hin ta'in fedhii kennuuf qabdaniinis kanneen jalqabaati. 11Ammas fedhiini cimaan isin hujii sanaaf qabdan isa fiixaan baasuu keessaniin akka mirkanaawuuf waanuma qabdaniin hujii sana fiixaan baasaa. 12Eegii fedhiin jiraate kennaan sun akkuma waan namni

[v]15 ykn *qaabatutti;* [w]16 ykn *dhugeeffachuu;* [x]3 ykn *dhugaa nan ba'aatii/nan rageessaatii;* [y]4 ykn *gargaarsa;* [z]7 ykn *dhugeeffachaan;* [a]10 ykn *guutuu*

qabuutti fudhatamaa malee akka waan namni hin qabneettiinii miti.

[13]Fedhiin keenna akka isin rakkattannii warra kaanitti immoo toluuf otoo hin ta'in akka wal-qixxummaan jiraatuufi. [14]Akka wanti isaan irraa hafu hirdhinna keessan guutuuf, yeroo ammaa wanti isin irraa hafu hirdhinna isaanii ni guuta; akkasittis wal-qixxummaan ni jiraata. [15]Kunis isa, "namicha waan baay'ee walitti qabateef baay'een hin hafne; namicha waan xiqqoo walitti qabatettis wanni tokkoyyuu hin hirdhanne" jedhamee barreeffamee dha.

**Tiitoon Qorontoositti Ergamuu Isaa**

[16]Waaqa akkuma ani isinii yaadu sana akka Tiitoonis isinii yaadu godhe sana nan galateeffadha. [17]Tiitoon kadhannaa keenya fudhachuu qofa otoo hin ta'in fedhii guddaan ufuma isaatiin ka'ee gara keessan dhufaa jiraatii. [18]Nus obboleessa keenya kan wangeela lallabuun waldoota kiristaanaa cufa biratti beekame isa waliin ni ergina. [19]Kana malees obboleessi kun hujii arjummaa kan nu ulfinna Gooftaatii fi fedhii gaarii qabnu muldhisuuf hojjannu keessatti akka nu wajjiin deemuuf waldoota kiristaanaatiin filatameera. [20]Qajeelcha[b] nu kennaa arjummaa kanaaf gonu irratti akka namuu maqaa nu hin balleessine uf-eeganna. [21]Kaayyoon keenna otoo fuula Gooftaa qofa duratti hin ta'in fuula namootaa durattis waan qajeelaa hojjachuu dha.

[22]Akkasumas obboleessa keenna isa nu yeroo baay'ee waan hedduun qorree nama yaada gaarii qabu ta'uu isaa hubanne sana isaan waliin ergineerra; innis waan isin irratti amantii guddaa qabuuf isa duraa caalaa ni yaada. [23]Tiitoon tajaajila isiniif kennamu keessatti garee kiyya kan na waliin hojjatuu dha; obboleeyyan keenna immoo bakka[c] bu'oota waldoota kiristaanaa ti; Kiristoosiifis ulfinna. [24]Kanaaf isin waayee jaalala keessaniitiif sababii nu isiniin boonnuuf waldoota kiristaanaa duratti namoota kanaaf mirkaneessaa.

9 Waayee tajaajila[d] qulqullootaaf godhamu kanaa isinii barreessuu na hin barbaachisu. [2]Akka isin gargaarsa kennuuf qophooftan nan beekaatii; anis, "warri Akaayyaa bara dabree jalqabanii qophaayaniiru" jedhee namoota Maqedooniyaa biratti boonee ture; fedhiin keessanis isaani keessaa namoota baay'ee kakaaseera. [3]Egaa ani akkuma isaani qophaayaniiru jedhee dubbadhe sanatti akka qophooftanii argamtaniif malee

[b]20 ykn *qabaahorii;* [c]23 ykn *fulaa;* [d]1 ykn *gargaarsa*

waayee kanaatiif isiniin boonuun
keenya waan akkasumaan dub-
batame akka hin taane ani obbo-
leeyyan ergeera. **4**Yoo namoonni
Maqedooniyaa tokko tokko na
waliin dhufanii akka isin hin
qophaayin argan isin qofa otoo
hin ta'in nu warri akkas isin ab-
danneyyuu ni qaanofna. **5**Kanaaf
akka obboleeyyan kunniin na dura
gara keessan dhufanii gargaarsa
isin arjummaan kennuuf waadaa[e]
seentan sana duraan dursanii qo-
pheessaniif isaan kadhachuun
barbaachisaa natti fakkaate; yoos
gargaarsi sun dirqamaan[f] otoo hin
ta'in kan fedhiin kenname ta'ee
qopheeffama.

### Arjummaan Facaasuu

**6**Kanas qaabadhaa[g]; namni hird-
huu facaasu hirdhuu galfata;
namni baay'ee facaasu immoo
baay'ee galfata; **7**Namni cufti otoo
itti hingammadin yookiin dirqamaan
otoo hin ta'in waan kennuuf ga-
raa keessatti yaade haa kennuu;
Waaqayyo nama gammachuun
kennu jaalatatii. **8**Akka isin yeroo
hundumaa waan hundumaan waan
isin barbaachisu hunda qabaat-
tanii hujii dansaa hundumaan
guutamtaniifis Waaqayyo ayyaana
hunda isinii baay'isuu ni danda'a.
**9** Kunis isa,

"inni ni bittineessa; hiyyeeyyiif
ni kenna;
qajeelinni isaa bara baraan ni
jiraata" jedhamee barreef-
famee dha.

**10**Inni namicha facaasuuf sanyii,
kan nyaatuuf immoo buddeena
kennu sun isinis akka facaafat-
taniif sanyii isinii kenna; isinii
baay'isas; firii[h] qajeelinna kees-
saniis ni baay'isa. **11**Isinis yeroo
mara akka arjoomtaniif karaa
maraan ni duroofamtu; arjum-
maan keessanis akka isaan waaqa
galateeffataniif sababii ta'a.

**12**Tajaajilli isin kennitan kun
waan qulqullootaaf barbaachisu
guutuu qofa otoo hin ta'in akka
galanni Waaqayyoof dhiyeeffamu
akka malee baay'atu godha.
**13**Kunis waan amantii[i] keessan
mirkaneessuu dha; sababii isin
wangeela Kiristoosii kan fudhat-
tan sanaaf ajajamtanii fi kennaa
isin arjummaan isaanii fi warra
kaan cufaaf kennitaniif namoonni
hedduun Waaqa ni galateeffatu.
**14**Isaanis kadhannaa isiniif kad-
hatan keessatti sababii ayyaana
Waaqaa kan akka malee isinii
baay'ate sanaatiif isin yaadu.
**15**Waaqa kennaan isaa hagasi hin
jedhamne sanaaf galanni haa ta'uu.

### Phaawuloos Waayee Tajaajila Ufii Falmate

**10** Ani Yeroo isin bira jiru
"ija[j]-laafessa", yeroo isin
irraa fagaadhu immoo "ija-jabeessa"

[e]5 ykn *kakuu;* [f]5 ykn *giddiin;* [g]6 ykn *yaadadhaa;* [h]10 ykn *midhaani;* [i]13 ykn *dhugeeffachaa;* [j]1 ykn *adda*

kan ta'e ani Phaawuloos garraa-
mummaa[k] fi gara laafinna Kiris-
toosiitiin isin kadhadha; [2]Ani
yeroo gara keessan dhufutti akka
isin ija jabeenna ani warra waan
nu akka nama fooniitti jiraannu
se'an sana irratti nan qabaadha
jedhee yaadu sana ammas akka
ani qabaadhu akka isin na hin-
goone isin kadhadha. [3]Nu yoo
fooniin dedeebineyyuu akka nama
fooniitti hin lollu. [4]Mi'i waraanaa
kan nu ittiin lollu kan dawoo
jissuudhaaf humna Waaqaa qabuu
dha malee mi'a waraana fooniitii
miti. [5]Mormii fi uf-tuulummaa
beekumsa Waaqayyoo irratti ka'u
cufa ni diigna; yaada cufas boo-
jinee Kiristoosiif akka ajajamu ni
goona. [6]Eegi isin guutummaatti
ajajamuu keessan mirkaneessi-
tanii booddee[l], nu immoo aja-
jamuu diduu mara adabuuf ni
qophoofna.

[7]Isin waanuma ijatti[m] muldhatu
qofa ilaaltu; eenyuyyuu yoo kan
Kiristoosii ta'uu isaatti yoo amane
akkuma inni kan Kiristoosii ta'e,
nus kan Kiristoosii ta'uu keenna
haa hubatu. [8]Aangoo[n] keenna kan
Gooftaan akka ittiin isin diig-
nuuf otoo hin ta'in akka ittiin
isin ijaarruuf nuu kenne sanaan
caalaatti ani yoo boonellee itti
hin qaanawu. [9]Ani akka waan
xalayaa kiyyaan isin sodaachi-
suutti hedamuu hin barbaadu.
[10]Namoonni tokko tokko, "ergaan
xalayaa isaa ulfaataa fi cimaa
dha; inni yeroo qaamaan[o] nuu
waliin jirutti garuu dadhabaa
dha; dubbiin isaas tuffatamaa
dha" jedhu. [11]Namoonni akkanaa
kunniin akka nu waanuma yeroo
isaan bira hin jirretti xalayoota
keenya keessatti dubbannu sana
akka yeroo isaan biratti argamnus
isuma hojjannu haa hubatanii.

[12]Nu warra uf galateeffatan
tokko tokkotti ida'amuuf yookiin
isaaniin uf qixxeessuuf ija hin
jabaannu; isaan yeroo walii isaaniitti
uf madaalanii fi walii isaaniitti
uf qixxeessan hubannaa dhabuu
isaanii ti. [13]Nu garuu hanga bar-
baadamuu olitti uf hin jajnu; uf
jajuun keenyas lafa tajaajilaa[p]
kan Waaqayyo qoodee nuu kenne
keessaa hin bawu; kunis tajaajila
nu isin jidduutti kennaa jirru
ida'ata. [14]Nu yeroo gara keessan
dhufnetti daarii nuu eeyyamame
hin dabarreetii; wangeela Kiris-
toosi finnee gara keessan dhufuunis
nu warra jalqabaa turre. [15]Hujii
warri kaan hojjataniinis uf hin
jajnu; abdiini keenya garuu ak-
kuma amantiin[q] keessan gud-
dateen bakki[r] tajaajilaa kan nu
isin jidduutti qabnus akka caalaatti
babaldhatuufi. [16]Kunis nu hujii
duraan dursee biyya nama dhibii[s]

[k]1 ykn *garaa toliisaafi;* [l]6 ykn *duubatti;* [m]7 ykn *ilatti;* [n]8 ykn *jabeenna;* [o]10 ykn *nafaan;* [p]13 ykn *hujii;* [q]15 ykn *dhugeeffachaani;* [r]15 ykn *fulaan;* [s]16 ykn *biraa*

keessatti hojjatameen otoo uf hin
jajin biyyoota isinii achi jiran
keessattis akka wangeela lallab-
nuufi. 17 Garuu, "kan boonu Gooftaan
haa boonuu." 18 Nama Gooftaan
dubbatuufittu fudhatama qaba malee
namni ufiif dubbatu fudhatama
hin qabu.

**Phaawuloosii Fi Ergamtoota dharaa**

**11** Gowwummaa kiyya ishii
diqqoo naa obsitaniirtu
jedhee abdadha; ammas dhugu-
maan naa obsaa. 2 Ani hinaaffaa
Waaqayyootiin isiniif hinaafa;
akka dubra qulqullittii[t] tokkoot-
tis dhiirsa tokko jechuunis Kiris-
toosin dura isin dhaabuuf isaaf
isin kaadhim- eeraatii[u]. 3 Garuu
akkuma boftii daba isaatiin He-
waanin gowwoomse sana isinis
akkasuma garraamummaa[v] fi
qulqullaawummaa Kiristoosiif
qabdan irraa ni dogongorfamtu
jedhee sodaadha. 4 Sababiin isaas
yoo namni tokko gara keessan
dhufee Yesuusi kan nu isinii lal-
labne sana irraa adda ta'e isinii
lallabe, yookaan hafuura kanaan
dura argattan irraa adda ta'e
argattan, yookaan yoo wangeela
kanaan dura fudhattan irraa adda
ta'e fudhattan isin tole jettanii
simattu jechuu dha. 5 Ani garuu,
"ergamtoota ergamtoota hunda
caalan" sanaa gaditti uf hin
ilaalu. 6 Ani dubbiitti qarommaa
hin qabu; garuu beekumsa qaba.
Kanas karaa maraa fi waan
maraan isinii ibsineerra.

7 Wangeela Waaqayyoo gatii
malee isinitti lallabuun akka isin
ol jettaniif ani gadi uf qabuun
kiyya cubbuudhaa ree? 8 Ani isin
tajaajiluuf[w] jedhee gargaarsa isaan
irraa fudhachuudhaan waldoota
kiristaanaa kaan saameera. 9 Ani
yeroo isin bira turee fi yeroo waa
na barbaachisetti eenyuttillee ba'aa
hin taane; obboleeyyan Maqe-
dooniyaa irraa dhufan waan na
barbaachisuun na gargaaraa
turaniitii. Anis waanuma tok-
koonillee akka ba'aa isinitti hin
taaneef uf eegachaa ture; ammas
ittuma fufee uf eegadha. 10 Hanga
dhugaan Kiristoosi na keessa
jirutti boonuu kiyya kana kutaa
biyyaa Akaayyaa keessatti een-
nuyyuu na dhowwuu[x] hin dan-
da'u. 11 Ani maaliif waan kana
jedha? Waan isin hin jaalanneef
moo? Isin jaalachuu kiyya waaqni-
yyuu beeka! 12 Warra waan ittiin
uf jajaniin nuun qixxee ta'anii
beekamuuf carraa[y] barbaadan
sana carraa dhowwachuuf ani
waan amma hojjadhu gara fuula
duraattis ittuma fufee hojjadha.

13 Namoonni akkanaa ergam-
toota dharaa, hojjattoota nama

[t]2 ykn *qarree;* [u]2 ykn *kadhadheeraatii;*
[v]3 ykn *garaa toliisa;* [w] 8 ykn *gargaaruuf;*
[x]10 ykn *dhoogguu;* [y]12 ykn *qoommii*

gowwoomsan, warra ergamtoota
Kiristoosi fakkaachuuf uf jijjiiranii
dha. [14]Sheexanniyyuu maleekkaa
ifaa fakkaachuuf waan of jijjiiruuf
kun nama hin dinqu[z]. [15]Egaa
tajaajiltoonni sheexanaas yoo
tajaajiltoota qajeelinnaa fak-
kaachuuf of-jijjiiran kun waan
haarayaa miti; dhumni isaaniis
akkuma hujii isaanii ta'a.

**Phaawuloos ufitti boonuu Isaa**

[16]Ani ammas irra deebi'ee nan
dubbadha; eennuyyuu nama gow-
waa na hin se'in; isin yoo gow-
waa na seetanillee akka ani diqqoo
boonuuf akkuma gowwaa tok-
kootti na fudhadhaa. [17]Ufitti
amanuun[a] boonuu kana keessatti
kan dubbadhu akka gowwaa
tokkootti malee aangoo[b]
gooftaatiinii miti. [18]Erga
Namoonni hedduun akkuma
nama fooniitti boonanii, anis nan
boona. [19]Isin waan hubattoota
taataniif gammachuun gow-
wootaaf obsitu; [20]Yoo eennuyyuu
isin garboomfamte yookiin isin
qorqe[c] yookiin isin saame
yookiin isinitti kooree yookiin
yoo isin kabale[d] ni obsituutii.
[21]Akka nu waan akkasii irratti
dadhaboo turre ani qaana'aa nan
dubbadha.

Ani akka gowwaa tokkootti
dubbadha; waan namni kamiy-
yuu ittiin boonuu fi ija[e] jabaatu
sanaan anis ittiin boonuuf ija nan
jabaadha. [22]Isaan Ibrootaa? anis
akkasuma; isaan saba Israa'eliitii?
anis akkasuma; isaan sanyii
Abrahaamiiti moo? anis akka-
suma. [23]Isaan tajaajiltoota Kiris-
toosiiti moo? ani akka nama
maraateetti dubbadhaatii ani nan
caala; isaan caalaa baay'ee itti
dadhabeera; isaan caalaa yeroo
baay'ee hidhameera; isaan caalaas
akka malee garafameera; ammu-
maa ammas du'atti dhiyeeffameera.
[24]Harka Yihuudotaattis yeroo shan
afurtama jechuu tokko hanquu
qacceen garafameera. [25]Yeroo
sadii uleen dhaanameera; yeroo
tokko dhagaan tumameera; yeroo
sadii dooniini[f] na jalaa cacca-
beera; halkan tokkoo fi guyyaa
tokko galaana keessa tureera.
[26]Ani otoo walirraa hin kutin
adeemsarra ture; kana malees
balaa bishaan guutuutiif, balaa
saamtotaatiif, balaa saba kiy-
yaatiif, balaa namoota ormaatiif
kennameen ture; magaalaa[g]
keessatti balaan, lafa onaa[h] kees-
satti balaan, galaana irratti ba-
laan, obboleeyyan dharaa irraas
balaan narra gayee ture; [27]Dad-
habeera; dhiphadheera; halkan
baay'ee hirriiba malee buleera;
beelayeera; dheebodheera; yeroo
baay'ee agabuu jiraadheera;

[z]14 ykn *hin mamsiisu/ hin ajaa'ibsiisu;* [a]17 ykn *dhugeeffachuun;* [b]17 ykn *jabeenna;* [c]20 ykn *qorrate;* [d]20 ykn *dhabanaase;* [e]21 ykn *adda;* [f]25 ykn *hobolooni;* [g]26 ykn *dira;* [h]26 ykn *aloo*

dhaamodheera; daareera. [28]Kana hundumaa caalaa yaaddoo ani waldoota kiristaanaa hundumaaf qabuttu guyyaa guyyaan natti ulfaata. [29]Eenyuttu dadhabnaan ani ammoo otoo hin dadhabin hafa ree? Eenyuttu cubbuu keessa seennaan ani immoo otoo aariin hin gubatin hafa ree?

[30]Ani yoo boonuu barbaade waan dadhabii kiyya muldhisuun nan boona.[31]Waaqaa fi Abbaan Gooftaa Yesuusi inni barabaraan eebbifame sun akka ani hin sobne ni beeka. [32]Yeroo ani Damaasqoo turetti namichi mooticha Aarexaas jalatti bulchaa biyyaa ture na qabsiisuuf jedhee magaalaa Damaasqoo eegsisaa ture. [33]Ani garuu karaa foddaatiin[i] guuboon[j] gadi buufamee isa jalaa baye.

**Daayyaa Phaawuloos Arge**

**12** Bu'aa qabaachuu baatullee boonuun barbaachisaa dha; amma garuu gara agarsiisaa fi daayyaa[k] Gooftaatti nan qajeela. [2]Namichi Kiristoos keessa ture tokko waggaa kudhanii afuriin dura gara samii sadaffaatti olfudhatamuu isaa nan beeka; innis fooniin yookiin fooniin ta'uu baachuu isaa Waaqattu beeka malee ani hin beeku. [3]Ani akka namichi kun jannatatti ol-fudhatame nanbeeka; garuu fooniin olfudhatamuu isaa yookiin fooniin ol-fudhatamuu baachuu isaa Waaqattu beeka malee ani hin beeku. [4]Innis gara jannataatti ol fudhatamee dubbii hin dubbatamne kan akka namni dubbatuuf hin eeyyamamne dhagaye. [5]Ani waayee nama akkasiitiif nanboona; garuu waayee dadhabii kiyyaa dubbadha malee waayee ufii kiyyaa hin boonu. [6]Ani waan dhugaa dubbadhuuf yoo boonuu barbaadeyyuu hin gowwoomu; garuu namni tokkoyyuu waan narratti arguu fi waan narraa dhagawu caalaa akka waayee kiyya hin yaanneef ani waan akkasii irraa ufin eegadha.

[7]Akka ani daayyaa akka malee guddaa kanaan akka malee uf hin tuulleef qoraattiin foon kiyya waraanu tokko, maleekkaan Sheexanaa akka na dhiphisuuf naa kenname. [8]Anis akka gooftaan waan kana narraa fuudhuuf yeroo sadii isa kadhadhee ture.

[9]Inni garuu, "ayyaanni kiyya si ga'a; humni kiyya dadhabbii keessatti fiixa-bayiisa argataatii" naan jedhe; kanaaf ani akka humni Kiristoosii narra boqotuuf waayee dadhabii kiyyaa gammaduudhaan akka malee nan boona; [10]Ani Yeroon waayee Kiristoosiitif jedhee dadhabutti, yeroo arrabsamutti, yeroo dhiphadhutti, yeroo gaargalfamutti[l],

[i]33 ykn *uraa manaatiin;* [j]33 ykn *sabaqeen;* [k]1 ykn *muldhata/ manaaba;* [l]10 ykn *ariyatamutti/baqadhutti*

yeroo rakkadhuttis gammaduun
kiyya kanumaaf; ani yeroo dad-
habutti nan jabaadhaatii.

### Phaawuloos Warra Qorontoosiitiif Yaaduu Isaa

11 Ani uf-gowwoomseera; kanat-
tis isinittu na dhiibe. Ani yoo
waanuma tokkollee fayyaduu
baadhe, waan ergamtoota ergam-
toota hunda caalan sanaa gadi
hin taaneef isin na galateef-
fachuu qabdu turtan. 12 Mallat-
toowwan[m] ergamaa dhugaa tokko
jechuunis milikkinni[n], baasnii fi
hujiin dinqii[o] jidduu keessanitti
obsa guddaan hojjatamaniiru.
13 Ani otoo ba'aa isinitti hin ta'in
hafuu kiyyaaf malee wanti isin
ittiin waldoota kiristaanaa kaanii
gadi taatan maalii ree? Yakka
kana naa dhiisaa[p]!

14 Ani yeroo sadaffaaf gara kees-
san dhufuuf qophaayeera; ani
isinuma malee qabeenya keessan
waan hin barbaanneef ba'aa
isinitti hin ta'u; warrattu ijoollee
isaaniitiif qabeenya kuusuu qaba
malee ijoolleen warra isaaniitiif
kuusuu hin qaban. 15 Ani garuu
waan qabu mara, ufii kiyyallee
taanaan gammachuun isiniif nan
kenna; sababii ani baay'isee isin
jaaladhuuf isin immoo diqqeessi-
tanii na jaalattuu ree? 16 Haa ta'uu
malee ani ba'aa isinitti hin taane;
ani garuu waan abshaala ta'eef
gowwoomsaan isin qabadhe.
17 Ani namoota isinitti erge kees-
saa karaa isa tokkootiinillee isin
saameeraa? 18 Ani akka Tiitoon
gara keessan dhufuuf isa kad-
hadeera; obboleessa keennas isa
wajjiin ergeera. Tiitoon isin hin
saamne; isin saameeraa ree? Nu
hafuura tokkoon hojjachaa, ka-
ruma tokko irra dedeebi'aa hin
turree?

19 Isin yeroo cufa waan nu fuula
keessan duratti ufii keennaaf
falmannu seetuu moo? Nu akka
warra Kiristoos keessa jiraataniitti
fuula Waaqaa duratti dubbanna;
Yaa jaallan kiyya, waan kana
cufa hojjachuun keenya isinuma
jajjabeessuuf jennee ti. 20 Yeroo
ani gara keessan dhufutti isin
akka ani fedhu taatanii hin
argamtan ta'a; Yookiin ani akka
isin feetan ta'ee hin argamu ta'a
jedheen sodaadhaatii. mormiin
hinaaffaan, aariin, wal-qooduun,
maqaa nama balleessuun, hamiin
uf-tuulummaaniifi jeequmsi[q] isin
jidduu jiraatinnaa jedheen so-
daadha. 21 Yeroo ani deebi'ee gara
keessan dhufuttis Waaqni kiyya
fuula keessan duratti na qaanessa;
anis waayee namoota baay'ee
kanneen kanaan dura cubbuu
hojjatanii fi xuraaw'ummaa irraa,
halalummaa[r] fi hawwii foonii

[m]12 ykn *akeekii;* [n]12 ykn *milikkeetii/ malkanni;* [o]12 ykn *mamaa/ajaa'ibaa;*
[p]13 ykn *haraaramaa;* [q]20 ykn *lolli;*
[r]21 ykn *hawadii*

hamaa irraa hin deebi'iniif nan gadda[s] jedheen sodaadha.

### Akeekkachiisa Dhumaa

13 Ani kanaan walitti yeroo sadaffaa gara keessan dhufuu kiyya. "Wanni martinuu dhuga-bayiisa[t] nama lamaatiin yookiin sadiitiin mirkaneeffamuu qaba."
2 Ani yommuu yeroo lammaffaa isin bira turetti isin akeekkachiiseera[u]; ammas fagoo taa'ee isuma irra deebi'a; ani yeroo deebi'ee dhufutti warra kanaan dura cubbuu hojjataniifis ta'u warra kaan cufaaf garaa hin laafu.
3 Kunis sababii isin akka Kiristoos karaa kiyyaan dubbatu ragaa barbaaddaniif, inni isin jidduutti cimaa dha malee waayee keessan irratti dadhabaa miti.
4 Inni dadhabbiin fannifameeraatii; humna Waaqayyootiin garuu ni jiraata. Nuus akkasuma isa waliin ni jiraanna.

5 Isin amantiin[v] jiraachuu fi jiraachuu baachuu keessan beekuuf uf-qoraa; uf ilaalaas; dhugumaan yoo qormaaticha kuftan[w] malee akka Yesuus Kiristoos isin keessa jiru hin beettanii?
6 Anis akka isin akka nu qormaaticha hin kufin hubattan nan amana.
7 Nu ammas akka isin yakka tokkollee hin hojjanneef Waaqa kadhanna; kunis yoo nu qormaata sana waan kufne fakkaannellee akka namoonni qormaaticha keessatti cimnee dhaabachuu keenya arganiif otoo hin ta'in akka isin waan qajeelaa hojjataniif.
8 Nu dhugaaf hojjanna malee mormiin dhugaa irratti womaa hojjachuu hin dandeennuutii.
9 Yommuu nu dadhabnee isin immoo jabaattanitti ni gammanna; akka isin akkasitti fiixa-bayiisa argattaniifis ni kadhanna.
10 Ani yeroo gara keessan dhufutti aangoo[x] Gooftaan akka ani ittiin isin diiguuf otoo hin ta'in akka ani ittiin isin ijaaruuf naa kennetti fayyadamee akka isin hin miineef fagoo taa'ee waan kana isinii barreessuu kiyya.

### Dhuma Irratti Nagaya Dhaamuu Isaa

11 Egaa Yaa obboleeyyan nagayaan taa'aa; fiixa-bayiinsa qabaachuuf xiyyeeffadhaa; waan ani isin kadhadhu naa dhagayaa; yaada tokko qabaadhaa; nagayaan jiraadhaa; Waaqni jaalalaatii fi nagayaa isin waliin ni ta'aatii.
12 Dhuungoo qulqulluun nagaya wal-gaafadhaa[y].
13 Qulqulloonni martinuu nagaya isinii dhaamu.
14 Ayyaanni Gooftaa Yesuus Kiristoosi, jaalalli Waaqayyoo, tokkummaan hafuura Qulqulluus hunda keessan waliin haa ta'uu.

[s]21 ykn *inlaaleffadha;* [t]1 ykn *rageessaa/ dhugeessaa;* [u]2 ykn *seeradhe;* [v]5 ykn *dhugeeffachaan;* [w]5 ykn *jiddan;* [x]10 ykn *guddinna;* [y]12 ykn nagaya *walfuudhaa/ waldubbisaa*